Oromiyaa

Lakk. 346

Oduu

“Badhaasichi nugammachiiseera”

Badhaasni kenname mootummaan daraggootaaf xiyyeeffannoo ol’aanaa kennuusaa akka isaan hubachiseefi hojii caalmaaf akka isaan kakaasuu dargaggoonni badhaafaman dubbatan.

Dargaggoo Ismaa’eel Alishoo godina Harargee bahaa, magaalaa Haroomaayaarraa kennaa addaatiin badhaasa kan argate yemmuu ta’u, yaada nuukenneen mootummaan dargaggootaaf xiyyeeffannoo kenne hojii hojjenne hubachuudhaan badhaasa nuukenuunsaa hedduu nagamachiseera jedheera. Badhaasni kunis hojii caalmaaf akka qophofnu nutaasiisa jedhee, itti fufuudhaanis guddina biyya keenyaa si’achisuuf kana booda kutannoon hojjenna jedheera.

Dargaggoo Jamaal Sa’id godina Jimmaa aanaa Limmuu Kosaa ganda Adislimaatirraa kan dhufe yemmuu ta’u, yaada nuukenneen badhaasnii amma arganne kun hojii caalmaa qabu akka hojjennu kan nukakaasuudha jedheera. Mootummaan nama hojjeteef badhaasa kennuunsaa namoonni biroos kaka’umsasaanitiin hojii bu’a qabeessa ta’e akka hojjetan taasisa. Dargaggoonni gurmaa’aniis ta’e dhunfaadhaan hojii bu’a qabeessa ta’e akka hojjetan ni kakaasa jedheera.

Dargaggoo Waaq-gaarii waaq jiraa godina Qellam Wallaggaa, aanaa Laaloo Assaabeerraa kan dhufe yemmuu ta’u, yaada nukenneen mootummaan Dh.D.U.On hogganamu guddina biyya keenyaa si’achisu cinatti dargaggootaaf xiyyeeffannoo kennuu dhaan hojjenne akka of dandeenyu taasisuunsaa hedduu nuugammachiseera. Nutis badhaasa kana argachuun keenya bor hojii caalmaaf kan nukakaasuufi dargaggoonni biroos hojii bu’aa qabeessa ta’erratti akka bobba’an nitaasisa jedheera.

Dargaggoo Giddi Shaalloo godina Baalee, aanaa Sawweenaa ganda Handaaraa irraa kan dhufe yemmuu ta’u, yaada nuu kenneen, mootummaan namoota hojjetan badhaasuunsaa guddina biyyaarratti shoora ol’aanaa qaba jedheera. Dargaggoo Badhaasaa Raggaasaa godina Shawaa kaabaa, aanaa Hidhabu Abootee ganda Uumaa wayyumaarraa kan dhufe yemmuu ta’u, sirnoota darban keessatti dargaggoonni waraanaa barbaadamu malee hojjetanii qabeenya horatanii akka jiraatan taasifamaa hin turre. Amma garuu mootummaan Dh.D.U.On hogganamu dargaggootaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan hojii hojjenneen akka badhaafamnu ta’uunsaa nugammachiseera jedheera.

Shamarree Galaanee Baay’isaa godina Arsii lixaa, aanaa Adaabbaa ganda Solee Tulurraa kan dhufte yemmuu ta’u, yaada nu kenniteen mootummaan walqixxummaa dubartootaa mirkaneessuufis ta’e dubartoonni akkuma dhiraa hojjetanii, qabeenya horatanii haadha qabeenyaa akka ta’an xiyyeeffannoo ol’aanaa kennee hojjechaa jirra. Ammaa hojii hojjenneen badhaasni nuu kennamuunsaa hedduu nagammachisa jettetti.

Dargaggoo Mahaammad Walishee godina Arsii lixaa, aanaa Shaashamanneerraa kan dhufe yemmuu ta’u waldaa cirachaan gurmaa’anii ciminaan hojjechuusaaniitiin badhaafamuusaanii eeree, ofiif hojjenne badhaafamuun kenya nugammachisa, mootummaanis deeggarsa nuu kennaa jiru ciminaan akka itti fufuu abdiin qaba jedheera.

Dargaggoonni Oromiyaa misooma caaluuf akka hojjetan waadaa galan

Guddinni dinagdee fufiinsaan galmaa’ee ciminaan akka itti fufuu taasisuuf kutannoon akka hojjetan hirmaattoonni kora dargaggootaa magaalaa Adaamaatti Ebla 6-7 gaggeeffameerratti hirmaatan ibsan.

Hirmaattoonni kunneen xumura kora dargaggootaa naannoo Oromiyaattis ta’e akka biyyattitti yeroo jalqabaaf deemsifame yemmuu xumuramu ibsa ejjannoo baasaniin, guddina biyya keenya si’achisuufi bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf, kutannoon akka hojjetan addeessaniiru. Akkasumas, lammiileen biyya keenyaa mootummaa shoroorkeessaa shaabiyaatiin qabaman haal dure tokko malee akka gadhiifaman ni gaafanna jedhaniiru. Bal’ina oduu kanaa fuula 2 irra ilaalaa.

Qonna Arfaasaa irraa oomisha kuntaala mil. 10 oltu eegama

Bara kana aanaalee Oromiyaa Afraasaan oomishan irraa callaa kuntaala mil. 10.5 oomishuuf karoorfamee hojjetamaa akka jiru biiroon misooma baadyaafi qonnaa Oromiyaa beeksise.

Biiroo misooma baadyaafi qonnaa Oromiyaatti itti gaafatamaan qajeelcha eegumsaafi misooma midhaanii Dr. Saamu'eel Asaffaa gaazeexaa Oromiyaaf akka ibsanitti, lafa heek. 764,261 qotuudhaan oomisha jedhame kana argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Kana keessaas lafti heek. 581,59 qotamee heektaarri 163,624 sanyiiwwan addaddaa faca'uu isaa dabalanii addeessaniiru.

Haalli rooba Arfaasaa baranaa mijaa'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e karoora qabamee ol raawwachuun akka danda'amu kan ibsan Dr. Saamu'eel, sanyii facaasuun, kan eegalamu walakkeessa baatii Bitootessaatii kaasee waan ta'eef osoo gabaasni hamma ammaa qaqqabeetii lafti qotame hundi akka faca'e hubachuun nidanda'ama jedhaniiru.

Qonna arfaasaa baranaatiif xaa'oo waldaalee kan bara darbe irraa as cehe osoo hin dabaliin kuntaalli 16,480 dhihaachuu isaa Dr. Saamu'eel eeranii, qonnaan bulaan sanyii naannoo waan fayyadamuuf rakkoon akka hin jirre mirkaneessaniiru.

Bara darbe aanaalee Oromiyaa rooba Arfaasaa fayyadaman keessatti lafti heektaarri 757,785 qotamee callaan kuntaalli 8,825,879 argamuu isaa ibsa Dr. Saamu'eel irraa hubachuun danda'ameera.

Badhaasa hojii boruutiif hidhannoo ta’e

Ragaan Abbaa Taayitaa staatistiksirraa argame akka eeruutti taanaan naannoo Oromiyaa keessatti dargaggoonni miliyoona 7.4 ol kan argaman yemmuu ta’u kunis baay’ina ummataa naannichaa keessaa dhibbeentaa 28 kan ta’u dha. Humna kana keessaa ammoo miliyoona 1.7 olitti kan tilmaamamaman hojii dhabeeyyii ta’uusaanii ragaan kun dabale ni ibsa. Kana keessaa ammoo dhibbeentaan 85 baadiyaa keessatti dhibbeentaan 15 ammoo magaalaa keessatti kan argamaniidha. Egaa Mootummaan Naannoo Oromiyaa guddina biyya keenyaa si’achisuu keessattis ta’e ijaarsa sirna demokraasii amma jalqabne galma akka gahu dargaggoonni gahee ol’aanaa akka qaban hubachuudhaan dargaggootaaf xiyyeeffannoo ol’aanaa kenneera.

Imaammattoota, tarsimoowwaniifi seeronni ba’anis hirmaannaa dargaggootaa guddisuuf haala mijaa’a akka uuman ta’anii kan ba’aniidha. Hojiilee kanneen wajjinis walqabate dargaggoonni dhunfaattis ta’e waldaadhaan gurmaa’anii rakkoolee siyaasaa dinagdeefi hawaasummaa keessaa akka ba’an sochiin bal’aa taasifamaa jira. Imaammanni Ispoortii ba’eera, paakeejiin dargaggootaafi kanneen biroo qopha’anii hojiirra oolaniiru.

Dargaggoonni hojjetanii sochii guddina biyyaattii si’achisuu keessattis ta’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuu keessatti gaheesaanii akka ba’an hojiiwwan addaddaa hojjetamaniiru. Ragaan Biiroo Dargaggootaafi Isportirraa Oromiyaarraa argame akka eerutti bara 1984-1999 sochii investimentii deemsiifamaa jiruun dargaggoonni 611,500 carraa hojii argataniiru. Misooma sululaatiin dargaggoonni kuma 55 ol fayyadamaa jiru. Bara dheengaddaa ammoo dargaggoota kuma 300 ol ta’aniif carraa hojii uumuuf hojjetamaa jiraachuu saarrayyuu hojii keessa kan galan kuma hedduutti kan lakkaawwamaniidha.

Sochiilee kanneeniin bu’aawwan hedduun argamuusaanirrayyuu, dargaggoonni hojii addaddaa keessa galanii guddina biyyattii keessatti gumaachasaanii ba’a jiru. Hojiin bu’aa qabeessaa kun xiyyeeffannoon itti kenname dargaggoota adda dureen hojjetaniifi gootoota misoomaa ta’an badhaasuudhaa hojii caalmaaf akka qophaa’an taasifameera. Kora dargaggoota Oromiyaa, biyya keenyattis ta’e naannoo keenyaatti yeroo jalqabaaf kun magaalaa Adaamaatti Ebla 6-7 deemsifameera. Kaayyoon kora kanaas dargaggoon hojiisaanitiin adda duree ta’aniifi gootoota misoomaa badhaasuuf, dargagoowwan Oromiyaa qabsoowwan taasifamaniifi injifannoowwan argaman kunuunsaa guddina misoomaa keessattis ta’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf gahee isaanii akka ba’an taasisuudha.

Haaluma kanaan dargaggoonni gootota misoomaa adda duree ta’an 608, caasaalee mootummaa hojii kanaaf xiyyeeffannoo kennanii hojjetan, abbootii 23, waldaaleefi yuniyeenotaa addaddaafi kanneen biroos badhaafamaniiru.

Ob. Girmaa W/Giyoorgis preezidaantiin Reppaablikaa Fedaraalawaa Itoophiyaa hasawaa korakanarratti taasisaniin dargaggonni, biyya keenyaa doofummaafi dubatti hafummaa keessaa baasuuf ciminaan hojjechuu akka qaban hubachiisaniiru. Ob. Abbaa Duulaa Gammadaa pireezidaantiin bulchiinsa mootummaa Naannoo Oromiyaa gamasaanitiin, mootummaan jalqabbii gama hundaanuu mul'achaa jiru kana daran cimsuuf gootoota misoomaa guddina biyaatiif halkaniifi guyyaa hojjechuudhaan bu'aa fakkeenyummaa qabu galmeessisan deeggaru, jajjabeessuu, badhaasuufi hojiinsaan hojjetan ummata biratti akka beekamu taasisuun cimsee itti fufa jedhaniiru.

Badhaafamtoonni gamasaanitiin guddina biyya keenyaa si'achisuufi bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf ciminaan akka hojjetan ibsa ejjannoo baasaniin mirkaneessaniiru. Kora guyyaa lamaaf deemsiifame kanarratti barreeffamoonni addaddaa dhiyaatanii irratti mari'atameera. Hirmaattoonni siidaa gootootaa kan daawwatan yemmuu ta'u, wareegamtoonni Oromoo sirnoota nama nyaataa barbadeessuuf akka qabsa'an hunda dhalonni ammaas hiyyummaafi doofummaarratti kutannoon akka qabsa'an mirkaneessaniiru.

Ijoo Dubbii

Hunduu iddoo jirutti ga’ee isaa yoo ba’e…

Mootummaan Naannoo Oromiyaa yeroo darbe qonnaan bultoota 500 ol ta’aniif badhaasa meedaliyaa laachuun isaa ni yadatama. Amma ammoo dargaggoota bara 1998 deggeersa mootummaan taasiseefiin gara hojiitti galani bu’a ol’aanaa argamsiisan badhaaseera. Akkasumas dargaggoonni waldaan gurma’aani sochii gaarii agarsiisanis qaama badhaasa kanaati.

Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin imaammanni misoomaa ba’e kun dargaggoota naannoo keenyaa gama hundaan hin fayyadu taanaan bu’aa waliigalaa eegamu fiiduun rakkisaa ta’uu isaatti amanuudhaan, haala isaan fayadamtoota taasisuu danda’u uumuuf mootummaan sochii ol’aanaa godheera. Kana keessaas bara 1998 baadiyyaa Oromiyaa keessatti dargaggoota hojii hinqabne miliyoona 1.7 ta’an keessaa dargaggoota kuma, 300 ol ta’aan hojiitti akka galan taasiseera. Mootummaan deggersa ofii isaa laatuufin cinattis naannoo keenyaa keessatti abbootiin qabeenyaa haallii mija’aan uumeef humna hojii hin qabne kanaaf carraa hojii akka uumaniif sochii taasifameen bara 1994 hanga bara 1998tti namoonni hojii hinqabne 280,000 ol ta’an carraa hojii kan argatan yemmuu ta’u isaan kana keessaa ammoo dhibatan 25% dargaggoota.

Sochii Mootummaan Naannoo Oromiyaa dargaggoota hojii hin qabne magaalaafi baadiyaa keessa jiran kanaaf deggarsa maalaqaafi leenjii keenuudhaan hojiitti akka galan taasiseen waggoota lamaan darbaan kana keessa qofaa 650,000 ol kan ta’an carraa hojiifi hojjechuu argatanii jireenya isaanii fooyyeffachuu danda’aniiru. Hojii quubsaa hojjetaniifi firii argamsiisaniis badhaafamaniiru.

Dargaggoonni dilbataa darbee badhaafamaan kunis sochii kana keessatti warraa bu’a ol’aana galmeesisuudhaan filatamaniidha. dargaggoonni kun deggarsaa muraasa taasifameef qabachuudhaan hojii keessa galanii yeroo gabaabaa keessatti birrii kumatamaan lakkamuu horachuu danda’aniiru. Dargaggoonni kaaleessa harkaa namaa eeggachaa turan har’a ofii ta’uurra darbanii hiri’oottan isaani hojii hinqabineefu carraa hojii uumuu danda’aniiru.

Mootummaan dargaggoonni sochii waliigalaa naannichaa keessatti ga’umsaan hirmaachuurra darbanii fayyadamtootas akka ta’aniif, deggersaa barbaachisaa laachuufiidhaan dargaggoonni kuma 300 ta’an bara, baraan hojiitti akka galan gochaa jira. Kun ammoo kanaan dura bifa hundaan irraanfatamani kan turan dargaggoota naannoo horsiisee bulaas ni dabalata.

Har’a magaalaas ta’ee baadiyyaa keessatti dargaggoonni argaman immaammata mootummaan baasetti fayyadamuudhaan hojii misoomaa keessatti hirmaachaa jireenyaa isaanis jijjirra, ga’e akka lamitti isaanirra eegamu ba’a jiru.

Kanaaf jechaa dargaggoonni carraa kanaatti utuu hin fayyadamin haafan dargaggoota har’a bu’a qabeeyyii ta’an kanaa irraa muxannoo argatani gara hojiitti galu qabu. Hundinuu ga’e isaa bakka jiruutti yoo ba’e haawwiin naannoofi biyyaa misoomaan badhaate arguu keenyaa shakkii tokko malee fixaa ba’a.

Aaga badhaadhinaa

Ce’umsa Teknoloojii qonnaa

Guddinni teknoloojii qonnaa guddina oomishaatiif murteessaa ta’eera. Qonni teknoloojii ammayyaatiin hin deeggaramne guddina hin agarsiisu. Kanaafuu waa’ee guddina oomishaa qonnaa yoo kaafnu, waa’ee teknoloojii qonnaa kaasuun dirqama ta’aa dhufeera. Teknoloojiin qonnaa, guddinna oomisha qonnaatiif dhimma murteessaa ta’uusaa erga itti waliigallee, teknoloojii kana qonnaan bulaa biraan ga’uunis akkasuma dhimma murteessaadha.

Guddinni teknoloojii qonnaa bakka lamatti qoodamee ilaalama. Teknoloojiin inni tokko kan omisha qonnaa baayyinaan argamsiisu. Fakkeenyaaf, lafa qonnaa hektaara tokko irraa, qonnaan bulaan qonna mala aadaa irratti hundaa’een qotee qamadii kuntaala 20 argata yoo ta’ee, teknolojii qonnaatiin gargaaramee yoo qotu ammoo, qamadii kuntaala 40 argachuu danda’a yoo ta’ee, callaan kuntaala 20 dabalamaan argameera jechuudha. Callaan kuntaala 20 dabalamaan argame, teknoloojiin qonnaan bulaan itti gargaarame kan argamsiise jechuu dandeenna.

Yeroo akkasii oomisheessitummaan lafaa dabalee jechus ni dandeenna. Lafti qotamte heektaaruma tokko oomishi garuu dachaadhaan dabaleera.

Lafti utuu hin daballee, oomisheesitumman lafaa akka dabalu teknolojiin godhu, jallisii, kunuunsa biyyeefi xaa’oodha Jallisiin bakka jirutti lafti qonnaan bulaan qabu xinnollee taatu, fakkeennaaf walakkaa heektaraa yoma taatellee, waggaatti yeroo lamaafi sadii irraa oomishuun ni danda’ama waan ta’eef, nama heektaara tokko fi tokkof walakkaa qabaatee waggaatti yeroo tokko qoftii irraa oomishuun walqixa oomishu danda’a jechuudha. Kunuunsi biyyoof godhamu bakka jirutti ammoo xaa’ummaan lafaa eeggamee tura waan ta’eef, omisheesitummaan lafaa dabalaa deema. Xaa’oon gargaramuun bakka jiruttis lafti xaa’ummaan isii hirrate xaa’ummaa dabalatti waan ta’eef, omishii haala gaariin irraa argamuu danda’a. Teknolojiiwwan asii olitti eeraman lafti qotamtu utuu hin dabalamne omisheesitummaa lafaa dabaluudhaan teknolojiiwwan beekamaniidha.

Teknolojiin gosti biraa kan oomisheesitummaa humna namaa dabaluudha. Fakkeennaaf, namni tokko humna isaatiin yookaan qotiyyoon lafa heektara lamaa qoftii misoomsuu danda’a yoo ta’ee, tiraakteeraan yoo gargaarame lafa heektaara 200 misoomsu danda’a. Woyta kana omisheesitummaan dabale kan lafaa utuu hin taane, kan human namaati. Nama dur heektaara lama bira caalee hin qonnetu, hektaara 200 qotuu danda’e. Callaan hektaara lamarraa galu yoo qamadii ta’ee kuntaala 60-100 hin caalu. Callaan hektaara 200 argamu malu, kuntaala kuma 6 hanga kuntaala kuma 10 deemuu danda’a. Humna qonnaan bulaa tokko baayyee akka omishu kan taasiise, tiraakteera. Teknolojii qonnaa oomisha guddisu yeroo jennus tokko, maashinoota omisheesitummaa humna namaa dabalanitti gargaaramu danda’uu akka ta’e hubachuun barbaachisa.

Gosti sadaffaan, teknolojii omisheesitummaa lafaa dabaluufi kan omisheesitummaa humna namaa dabalu walitti makuun itti gargaaramuu kan jedhuudha. Fakkeennaaf, humna namaa lafa heektara 2 omishuu, heektaara 20 omishuu akka danda'u gochuu, lafa heektara tokko callaan kuntaala 20 qoftiin irraa argamu kuntaala hanga 40 irraa oomsihuun akka danda'amu gochuu danda'uu jechuudha.

Gostiiin teknolojiiwwan asii olitti eeraman sadanuu adunyaa irratti hojii irra oolanii, guddina mirkaneessaniiru. Gosota sadan keessaa biyya keenyatti kan fayyadu isa kam waan jedhu maxxansa itti aanuun ilaalla. Nagatti.

Qonnaa Arfaasaa

Naannoo Oromiyaatti rooba irratti hundaa'uudhaan hojiin qonnaa yeroo lama adeemsifama. Isaanis qonnaa Arfaasaafi qonnaa gannaa jedhamu. Qonnaan gannaa kan oomishni guddaan itti oomishamu yemmuu ta'u, qonnaan Arfaasaa garuu kan gannaa waliin wal biratti yoo ilaalamu xiqqaadha jechuun ni danda'ama. Haata'u malee qonnaan Arfaasaa kan oomishni dafee ga'u itti oomishamu waan ta'eef faaydaan inni qonnaan bulaaf qabu guddaadha.

Akka Oromiyaatti aanaalee hunda keessatti hin ta'iin iyyuu malee, godinoota 7 keessatti qonni Arfaasaa ni adeemsifama; akka Dr. Saamu'eel Asaffaa nuuf ibsanitti. Dr. Saamu'eel Asaffaa biiroo qonnaa Oromiyaatti itti gaafatamaa qajeelcha misoomaafi eegumsa midhaanii godinaaleen kunneen Harargee bahaafi lixaa, Arsii, Arsii lixaa, Gujii, Boorana, Shawaa kaabaa akka ta'an ibsaniiru.

Akka Dr. Saamu'eel jedhanitti, bara kana godinaalee toorba kanneen keessatti lafa heek. 764,261 qotuudhaan callaa kunt. mil. 10.5 argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Sochii hanga naannoo xumura baatii Bitootessaatti taasifameen lafti heek. 581,590 qotamee, kana keessaa heek. 163,624 sanyiiwwan adda addaa facaafamaniiru. Asirratti Dr. Saamu'eeliif gaaffii tokko kaafnee turre. Innis lafti qotameefi kan faca'e baay'isee wal hin gannee? kan jedhu. Isaanis deebii armaan gadii nuuf deebisaniiru.

Haala kanaan, garaagarummaa kana waan lamaan ibsuun nidanda'ama, akka ibsa isaaniitti. Inni tokko, sanyiin arfaasaa kan facaa'uu eegalu walakkaa Baatii Bitootessaa booda. Kanaaf dhihoo jalqabamuu isaa irraa kan ka'e raawwiin waan xiqqaate fakkaachuu danda'e malee raawwii irratti hanqinni mul'atee miti. Kan lammataa, gabaasni yeroo gaaffiifi deebiin kun taasifametti ture gabaasa torban tokkoo duraati. Sanyii facaasuun ammoo hojii guyyaa tokkotti bal'inaan raawwatamu waan ta'eef raawwiin jiru lafa qotamee gadi akka hintaane eeraniir.

Akkuma beekamu qonni Arfaasaa rooba irratti hundaa'a. Bara roobni ga'aan jiru oomisha guddaatu oomishama. Haala kanaan bara kana roobni ga'aan waan jiruuf qonnaa Arfaasaa irraa karoora qabamee olitti oomisha argachuuf haalli dandeessisu jiraachuu Dr. Saamu'eel nuuf ibsaniiru. Qonnaa Arfaasaatiin sanyiin midhaanii irra caalaatti oomishaman midhaan biilaati. Kanneen akka Garbuu, Qamadii, Ajjaa (Homborii), xaafii jechuudha. Haa ta'u malee kanneen akka Boloqqee, Dinnichaas akka oomishaman ibsa kenname irraa hubachuun danda'ameera.

Roobni Arfaasaa qonnaa Arfaasaaf qofa osoo hintaane, qonna gannaaf illee murteessaa akka ta'e beekuu barbaachisa. Keessumayyuu godinoota lixaa kanneen Boqqolloon keessatti oomishamuuf roobni Arfaasaa baay'ee murteessaadha. jedhu Dr. Saamu'eel. Kanaaf roobni Arfaasaa qophii qonna gannaatiif murteessaa ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama.

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalle, qonni Arfaasaa qonna rooba irratti hundaa'anii adeemsifaman lama keessaa isa tokkodha. Rooba kana irratti hundaa'uun

oomisha dafee qaqqabu facaasuudhaan wayta inni irraa gale ammoo oomisha gannaa itti aansuun lafuma kana irratti oomishuun ni danda'ama. Kun ammoo qonnaan bulaan faaydaa walitti aanu akka argatu isa taasisa. Gama tokkoon qonnaan bulaan akka beelli isa hinqabne gargaara. Gama biraatiin ammoo oomisha guddisuu keessattis shoora mataa isaa ni qabaata, qonni Arfaasaa. Qonnaan bulaa carraa roobaas haa ta'u jiidhina argatetti fayyadamuudhaan callaa guddisuuf hubannoo argatee hojjechaa akka jiru illee Dr. Saamu'eel nuuf ibsaniiru.

Qonna Arfaasaatiif callaa guddiftuun yoo dhihaateera ta'e jennee Dr. Saamu'eel gaafanneerra. Isaanis deebii nuuf kennaniin sanyii ilaalchisee qonnaan bulaan sanyii idlee waan fayyadamuuf rakkoon akka hin jirre dubbatu. Xaa'oo ilaalchisee garuu daappiin kunt. 9320, yuuriyaan ammoo kuntaalli 7160 qonnaan bulaaf dhihaateera. Xaa'oon waldaa kan bules kanuma waliin akka dhihaatedha Dr. Saamu'eel kan ibsan.

Dhuma irrattis yaada kennaniin, qonnaan bulaan callaa guddisuuf sochii taasisu keessatti waan dagachuu hin qabne eeraniiru. Lafa irra deddeebi'ee qotee bulleessuu, sirriitti jalaa aramuu, midhaan facaasee galuu osoo hin ta'iin itti deddeebi'ee ilaaluu keenuunsuun murteessaadha.